Bundesamt
für Migration
und Flüchtlinge

# Barruu kan koorsii ida’amuu

lammiilee biyya alaa yeroo dheeraaf Jarman keessa jiraatan, lammiilee Gamtaa Awurooppaa fi lammiilee mootummaa naannoo diinagdee awurooppaa (EWR) akkasumas lammiilee Jarman taatanii beekumsa gahaa afaan Jarmanii hin qabneef

Kabajamtuu/aa lammii,

yoo yeroo dheeraaf akka nama biyyaa alaa tokkoo taatanii Jarmanii keessa jiraachaa turtan yookiin lammii Gamtichaa yookiin lammiilee mootummaa naannoo diinagdee awurooppaa (EWR) yoo taatan yookiin lammii Jarman taatanii akkasumas beekumsa gahaa afaan Jarmanii hin qabne yoo ta’e, koorsii ida’amuu irratti hirmaachuuf galmaa’uuf Waajjira Godaantotaa fi Baqattoota Federaalaatti iyyachuu ni dandeessu.

Daa’imman, dargaggoonni fi dargaggoonni ga’eessota ta’an warri ammaa kana mana barumsaa jiran koorsii ida’amuu kana irratti hirmaachuu hin danda’an.

Koorsii ida’amuu jechuun maali?

Koorsii ida’amuu waliigalaa kutaa lama kan of keessaa qabu yoo ta’u, isaanis koorsii afaanii fi koorsii qajeelcha taa'umsaa (orientationii) dhaa.

Koorsii afaanii keessatti jechoota jireenya guyyaa guyyaa keessatti dubbachuu fi barreessuu isin barbaachisan ni barattu. Kunis aangawoota waliin qunnamtii, ollaa fi bakka hojiitti haasa’uu, xalayaa barreessuu fi unka (formii) guutuu kan dabalatuu dhaa.

Koorsii qajeelcha taa'umsaa waa'ee jireenya Jarmanii isiin beeksiisa. Asirratti waa'ee sirna seeraa biyyattii, aadaa fi seenaa tibbanaa ni barattu.

Koorsii ida’ama waliigalaa kun koorsii afaanii kutaalee barnootaa 600 (kutaan barsiisaa tokko daqiiqaa 45 kan fudhatu) fi koorsii qajeelcha taa'umsaa kutaalee barnootaa 100 of keessaa qaba. Koorsii afaanii kutaalee koorsii jaha kan of keessaa qabu yoo ta’u, tokkoon tokkoon isaanii kutaalee barnootaa 100 kan qabanidha. kutaalee barnootaa 300 jalqabaa koorsii bu’uuraa, kutaalee barnootaa 300 armaan gadii koorsii afaanii sadarkaa olaanaa jedhamu.

Akkasumas koorsii addaa ida’amuu, fakkeenyaaf dubartoota, warra (haadha fi abbaa), Gargaggoota fi namoota sirriitti dubbisuu fi barreessuu hin dandeenyeef ni jira. Koorsiiwwan kunneen kutaalee barnootaa 1,000 kan fudhatudha.

Keessattuu daftanii kan barattan yoo ta‘e, koorsii cimaa (ol’aanaa kan ta’e) irratti hirmaachuu ni dandeessu. Dhaabbanni koorsii ida'amuu gaggeessu, "course provider" kan jedhamu, osoo koorsii hin jalqabin qormaata ramaddii isin waliin ni gaggeessa. Kunis kutaa koorsii fi koorsii kamiin yoo  jalqabdan isiniif gaarii akka ta’e murteessa. Qormaanni ramaddii bilisa (tola).

KNr. 630.009o Oromo BAMF 05/2023

## Qormaata xumuraa irratti hirmaachuu

Qormaanni dhumaa qormaata afaanii fi qormaata dhuma koorsii qajeelchuu (orijinteshinii) irratti kennamu kan of keessaa qabu yoo ta'u, "Jireenya biyya Jarmanii" jedhama. Qormaata afaanii irratti beekumsa gahaa afaan Jarmanii (sadarkaa afaanii B1) qabaachuu keessan mirkaneessuu yoo dandeessan fi qormaata "jireenya biyya Jarman keessa" kan jedhamu yoo darbitan, koorsii ida'amuu milkaa'inaan xumurtanii jirtu. Sana booda “Ragaa Koorsii Ida’amuu” ni argattu.

Qormaata tokko yookan lamaanuu irratti yoo hin milkoofne, ragaa bu'aa hanga argatan isiniif ni kennama.

Qormaata xumuraa irratti hirmaachuun bilisa (tola).

## Faayidaa koorsii ida’amuu irratti hirmaachuu

Lammiileen biyya alaa, biyya Gamtaa Awurooppaa hin taane irraa dhufan, mirga jireenyaa dhaabbataa (kan hin daangifamne) Jarmanii argachuu yoo barbaadan ulaagaalee hedduu guutuu qabu. Wantoota biroo keessaa beekumsa gahaa afaan Jarmanii fi beekumsa bu’uuraa sirna seeraa akkasumas hawaasummaa fi haala jireenyaa Jarmanii qabaachuu qabdu. Koorsii ida’amuu milkaa’inaan xumuruun ulaagaaleen kun ni guutamu jechaadhaa. Kana malees, sana booda yoo barbaachisaa ta’e dursanii mirga lammummaa argachuu ni danda‘ama. Kana malees, beekumsi afaan Jarmanii koorsii ida’amuu keessatti argattan jireenya guyyaa guyyaa Jarmanii salphisuu fi carraa hojii argachuu irratti qabdan akka dabalu taasiisa.

## Koorsii ida’amuu Waajjira Federaalaatiin hayyamamuu akkasumas dhiyeessaa koorsii biratti galmaa’uu

Maaloo iyyata galmee hayyamaa sirriiti dubbifamuu akka danda'uutti guutaa. Teessoon isiin kennitan maqaa adda ta'een yoo ta'e, dirree "yoo barbaachisaa ta'e" jedhu guutuu keessan mirkaneessa. kan jiraatan (c/o)”, yoo kun hin taane poostaan isiin dhaqabsiisuu hin danda’amu. Sanadoota iyyata keessatti tarreeffaman walitti erga qabsiistanii booda teessoo achi keessatti eerametti (ibsametti) erguu dhaa.

Yoo koorsii ida’amuu irratti hirmaachuuf hayyama qabaatan, koorsii ida’amuu irratti hirmaachuuf mirga akka qabdan Waajjiri Federaalaa irraa waan kana mirkaneessu, “ragaa ulaagaa guutuu” jedhamu ni argattu. Dhiyeessitoota koorsii akkasumas bakkeewwan koorsii naannoo keessan jiran fi waajjira naannoo itti gaafatamummaa qabu Waajjira Federaalaa interneetii irraa argachuu ni dandeessu:https://bamf-navi.bamf.de/de/

Hayyamni koorsii ida’amuu waggaa tokkoof fudhatama qaba. Mirkaneessi guyyaa "Hayyamni hirmaannaa hanga..." guyyaa, hanga kanaatti koorsii ida’amuu irratti hirmaachuuf dhiyeessaa koorsii tokko biratti galmaa’uu ni dandeessu. Maaloo Waajjira isinii eerametti koorsii ida’amuu argachuuf galmaa’aa akkasumas ragaa ulaagaa guutuu achitti dhiyeessa. Yoo bakki itti hirmaatan tokkoo isiniif hin kennamne ta’e, hatattamaan dhiyeessaa koorsii filannoo keessan ta’e tokko biratti galmaa’a.

Koorsii kana irratti yeroon hirmaachuun akka mirkaneeffamu Waajjirri Federaalaa gara dhiyeessaa koorsii murtaa'e tokkootti isin erguu ni danda'a.

Dhiyeessaan koorsii dursee koorsiin tokkoo yoom akka jalqabu isin beeksisuu qaba. Koorsiichi erga galmooftanii booda torban jaha keessatti jalqabuu qaba. Yeroo kana keessatti koorsii tokkollee yoo hin raawwatamne, dhiyeessaan koorsii isiin beeksisuu qaba.

Maaloo kana hubadhaa, sababoota (dogoggora) isin itti gaafatamummaa qabdan irraa kan ka'e, erga galmooftanii booda yoo xiqqaate yeroo waggaa tokkoo booda koorsii ida'amuu kan hin jalqabamne yoo ta'e yookan hirmaannaa koorsii irratti waggaa tokkoo ol yoo addaan akka kutamu yoo ta'e, mirgi hirmaachuu keessanii ni haqama.

Hirmaannaa koorsii kan sirrii ta'e

Kaayyoo koorsii ida'amuu galmaan ga'uuf koorsii kana irratti sirnaan argamuu qabdu. Kana jechuun, hanga xumura barnootatti yeroo hunda koorsii sana irratti hirmaadhaa akkasumas qormaata isa dhumaa irratti qooda fudhadhaa. Dhiyeessaan koorsii keessanii barreeffamaan hirmaannaa sirrii ta'e isiniif ni mirkaneessa, kun fedhii keessan yoo ta'e dhaa.

Kunuunsa daa'immanii

Koorsii ida'amuu irratti hirmaachuuf kunuunsa daa'immanii yoo barbaadan, maaloo dhiyeessaa koorsii qunnama. Kunis waa'ee carraa (filannoowwan) kunuunsa daa'immanii kan jiran isiin ni beeksiisa.

Dhiyeessaa koorsii jijjiiruu

Dhiyeessaa koorsii jijjiiruun akka waliigalaatti kan hayyamamu erga kutaan koorsii tokko xumuramee booda qofa dhaa. Jijjiiramni kun kan danda'amu haalli addaa yoo jiraate qofa dhaa, keessumaa sochiin bakka jireenyaa jijjiiruun yoo jiraate, koorsii yeroo muraasaa fi yeroo guutuu gidduutti wal jijjiiruun yoo uumame, kunuunsa daa'immanii fiixan baasuuf (dandeessisuuf) yookan leenjii barumsaa tokkoo jalqabuuf yookan kutaan koorsii tokko erga xumuree booda hojii jalqabuuf yoo ta'ee dhaa.

Sababa biraa irraa kan ka'e yoo jijjiirtan, kutaalee barnootaa kutaa koorsii kanaan dura oto hin fudhatamin kan  hafan kana booda irratti qooda fudhachuu hin dandeesanu (gatii dhaba).

Jijjiiramni hayyamame yoo ta'e, dhiyeessaan koorsii ragaa ulaagaa guutuu isiniif deebisuu isa irra jira.

Baasii koorsii ida'amuu

Barnoota sa'aattii tokkoof kaffaltii EUR 2,29 dhiyeessaa koorsii sanaaf kaffaluu isiin irra jira. Gumaachi baasii kun kutaan koorsii tokkoon tokkoon barnoota sa'aatii 100 jalqabuu isaa dura akkasumas koorsii qajeelcha taa'umsaa (orientationii) dursee kaffalamuu qaba. Yoo barnoota irraa haftan, gumaachi baasii kan sa'aatii darbanii (kan itti hin fayyadamne) deebifamee isinii hin kennamu. Yoo galii mataa keessanii hin qabaane ta'e, namni itti gaafatamummaa isiin deeggaa jiru gumaacha baasii kaffaluu isa irraa jira.

Maallaqa lammiin tokkoo argatu kan argatan yoo ta'e, gumaacha baasuu irraa bilisa ta'uu ni dandeessu. Jireenyaaf gargaarsa kan argatan (gargaarsa hawaasummaa) yookan sababoota birootiin maallaqni kan isin barbaachiisu yoo ta'e jecha. Akkasumas gumaacha baasuu irraa bilisa ta'uu kan dandeessanu hojjaa kan qabaatan yoo ta'e akkasumas mindaan kaffaltii waliigalaa ji'aatti kan argatan hanga murtaa'e tokkoo kan hin caalle yoo ta'e, kunis ijoollee kan qabdan yoo ta'ee, akka dabalamu (ol ka'u) taasiifama. Odeeffannoo dabalataa fi maallaqni hammam akka ta'e, kan waggaa waggaan jijjiiramu, unka iyyannoo amma jiruu akkasumas kkf. kana irraa argachuu ni dandeessu https://www.bamf.de/ik-kostenbefreiung. Gumaacha baasuu irraa bilisa ta'uuf barreeffamaan waajjira naannoo kan Federaalaa, kan itti gaafatamummaa isinii qabuuf iyyachuu qabdu.

Maaloo maallaqni akka isin barbaachisu ragaa keessan (koppii ragaa barbaachisaa ta'e, fakkeenyaf beeksisa faayidaa maallaqa hoji dhabdummaa waliitti qabuudhaan yookan faayidaa maallaqa lammiileef kennamu, gargaarsa hawaasummaa, waraqaa kaffaltii amma jiru/waliigaltee hojii seera qabeessa ta'e mindaa waliigalaa ji'aatti hamma argatan, kan agarsiisu akkasumas ragaa deeggarsa daa'immanii kamiyyuu irraa argamu, ragaa gibira mindaa isa dhumaa yookan waa'ee amaloota gibira galii elektirooniksii irraa hir'isuu (ELStAM), deeggarsa mana jireenyaa, Labsii Gargaarsa Leenjii Federaalaa (BAFöG), deeggarsa daa'immanii, kaffaltii akkaataa Seera Faayidaa Koolugaltootaatiin, kaffaltii kunuunsa ijoolee kan guyyaa irraa bilisa ta'uu, kaffaltii tamsaasaa odeeffannoo irraa bilisa ta'uu, tikkeettii hawaasummaa naannoo akkasumas kkf.) itti dabalaatti kenna.

Yoo danda'ame, maaloo osoo barnoonni hin jalqabin dura iyyata galchaa. Yeroo koorsiin (barnootni) adeemaa jiranu iyyata yoo galchitan, akka seeraatti baasii irraa bilisa ta'uun, jalqaba koorsii irraa kaasee duubatti deebi'ee kennamuu hin dandaa'amu.

## Baasii geejjibaa (imalaa)

Waajjira Federaalaatiin gumaacha baasii kaffaluu irraa bilisa kan taatan yoo ta'e, gara koorsii ida'amuutti imaaluu akka dandeessan deeggarsa baasii geejjibaa argachuu ni dandeessu. Deeggarsi kun bifa yeroo tokkotti kan kennamudha. Haa ta'u malee, yeroo hunda haalli dursaa bakki koorsii yoo xiqqaate mana keessan irraa km 3 fagaachuu qaba. Gargaarsa baasii geejjibaa argachuuf iyyatni Waajjira Federaalaa itti gaafatamaa naannoo Waajjira Federaalaatti galfamuu qaba.

Kanneen toora interneetii irraa argachuu dandeessu https://bamf-navi.bamf.de/de/.

## Koorsii afaanii kutaalee barnootaa 300 kan hin caale irra deddeebi'uu

Haalota murtaa'an keessatti, koorsii afaanii hanga kutaalee barnootaa 300 ta'u al tokko irra deebi'uu ni dandeessu. Kana gochuuf, koorsii afaanii guutummaatti hirmaatani, sana booda qormaata afaanii fudhatanii akkasumas beekumsa gahaa afaan Jarmanii (sadarkaa afaanii B1) argachuu (fiduu) kan hin dandeenye yoo ta'ee dhaa.

Sa'aattii barnoota irra deddeebiin kennamu irratti hirmaachuuf iyyata galffachuun barbaachisa dhaa. Kanas maaloo waajjira naannoo Waajjira Federaalaa bakka jireenyaa keessaniif itti gaafatamummaa qabuutti galfadha.

Yoo koorsii dubbisuu fi barreessuu irratti hirmaachaa kan jirtan yoo ta'e, kutaalee barnootaa 300 irra deebi'uu akka dandeessaniif koorsii afaanii sadarkaa olaanaa irra deebi'uu keessan dura qormaata afaanii fudhachuu isiin hin barbaachisu.

Gumaacha Baasiidhaaf kaffalame deebisuu

Mirgi hirmaachuu keessanii hanga guyyaa 31.01 2023 tti kan kenname yoo ta'e, waantti ta'uu qabu:

Waajjirri Federaalaa kaffaltii isiin baaftan keessaa 50 % isiniif deebisuu kan danda'u, yoo qormaata xumuraa guyyaa 08.12.2007 booda milkoominaan darbitan akkasumas dhimmi jalqabaa mirga hirmaachuu keessanii akkasumas qormaata xumuraa gidduutti yeroon waggaa lama kan hin caalle yoo ta'e dhaa. Baasii duraan kaffalatan akka isiniif deebisuu Waajjira naannoo itti gaafatamummaa qabu Waajjira Federaalaatti iyyata dhiyeessu (galfachuu) isiin irra jira.

Mirga hirmaachuu kan guyyaa 01.02.2023 booda kennameef, yeroon xumuraa waggaa lama ta'a, koorsii ida'amuu waliigalaa irratti kan hirmaatan yoo ta'e jecha.

Yeroon xumuraa waggaa sadii kan ta'u, yoo koorsii ida'amuu addaa irratti hirmaachaa jirtan ta'e (fakkeenyaf koorsii dubbisuu fi barreessuu, koorsii dachaa barachuuf, koorsii ida'amuu kan warraa (haadha fi abbaa) yookan koorsii ida'amuu kan dubartootaa fi dargaggootaaf) irratti kan hirmaachaa jirta yoo ta'e dhaa.

Waan biraa maal beekuu qabdu

Akkasumas unkalle iyyannoo barruu kana keessatti eeraman hunda dhiyeessaa koorsii irraa, waajjira dhimma namoota biyya alaa keessanii irraa yookan waajjira naannoo Waajjira Federaalaa bakka jireenyaa keessaniif itti gaafatuummaa qabu irraa argachuu ni dandeessu. Akkasumas unkaalee (foormii) marsariitii kana irraa argachuu ni dandeessu: https://www.bamf.de/formulare.

Akkasumas iyyannoo keessan karaa poortala federaalaatiin gara Waajjira Federaalaatti dijiitaalaan erguuf filannoo ni qabdu.

Iyyannoowwan armaan gadii karaa dijitaalaattin isiniif dhiyaatu:

- Koorsii ida'amuu irratti hirmaachuuf iyyata galmee
- Koorsii afaanii yoo baay'ate kan sa'aattii barnoota 300 irra deebi'uuf iyyata galmee
- Gumaacha baasii koorsii ida'amuu irraa bilisa ta'uuf iyyata
- Iyyata deeggarsa baasii geejjibaa (imalaa) kennuu dabalatee mindaa guyyaatti argatan akka olka'u (dabalu)
- Gumaachi baasii (50 %) akka deebi'uuf iyyata

Teessoon interneetii kun gara iyyannoowwan toora interneetii poortala federaalaa irratti argamanitti isiin geessa:

Internetadresse zu den Online-Anträgen

Odeeffannoo dabalataa toora interneetii irratti iyyata galfachuuf hunda isaa kan argatan :

Internetadresse zu Informationen zur Online-Antragstellung

Akkasumas maaloo dhiyeessa wiirtuulee gorsa godaansaa fi tajaajila godaansa dargaggootaa hubadhaa. Isaan kun iyyannoo galfachuu irratti isiin gargaaru, gaaffii ni deebisu akkasumas rakkoo keessan ni kunuunsu akkasumas koorsii ida’amuu isiniif mijaa ta‘e isinii barbaaduu danda’u. Wiirtuuwwan gorsaa kan godaansaa fi tajaajilli godaansa dargaggootaa naannoo keessan jiran, waajjira dhimma namoota biyya alaa keessan irraa, waajjiraalee naannoo Waajjira Federaalaa irraa yookan interneetii kana irraa baruu (beekuu) ni dandeessu https://bamf-navi.bamf.de/de/.

Barruun kun odeeffannoowwan koorsii ida’amuu hirmaachuu irratti waan isiniif barbaachisoo ta’an of keessaa qaba. Dhiyeessaan koorsii gaaffii dabalataa qabdan kamiyyuu deebii isinii kennu ni danda’a.

Yeroo koorsii ida’amuu irratti hirmaatan inshuraansii balaa seeraan tumamee tokkoon hin haguugamne (dahoo inshuraansii hin qabdanu).

Hirmaannaa koorsii ida'amuu kana irratti milkaa'ina gaarii isiniif hawwina!